## Bakka Murnalung Park waa hedduu dalagama



**'Murnalung' maqaa haaraa oddoo giddu-galeessaaf kenname Flemington keessatti tolchamaa jiruu dha.**

Oddoon magariisi iskuwerii 5,000 caalu bakki banaan ummataaf walakkeessa waggaatti banamuuf jira.

Maqaan Murnalung Park Jaarolee Wurundjeri Woi-wurrung waliin wal tahuudhaan kan moggaafame hiiki isaas 'kanniisa' bakka gaaguraa jechuun wal fakkaatu bakka jiraatoti fi hawaasi heddumminaan itti wal gahu jechuu dha.

Murnalung Park bakka marga, mukeetii, bilqiltuu qabuu fi bakka ijoolleen irra xabattu, bakka sochii qaamaa itti taasisan fi teessuma qabu, dirree hawaasi hundi dhufanii itti bashannan ni qabaata.

## Wal-quba qabeenya qabaachuu


Sagantaalee odeeffannoo

Dubdeebii Gorsaa

Odeessa argachuuf mallattoo tolfadhu

Hirmaannaa keessa turuuf daawwadhaa:

homes.vic.gov.au/flemington-precinct



qorqora hawaasotaa kan **Homes Victoria irratti nu hordofaa**

### Flemington keessatti maaltu tahaa jira

**126 Racecourse Road**

- Qabbanessituu qilleensaa itti galchuun itti fufa
- Kam miilaan irra ol bahanii fi lafti akka hin mucucaanne dibuu (kun bakka 130 Racecourse Raod illee tahaa jira)

**Dagaagina haaraa bakka Holland Court**

- Hojiin isaa guyyoota dhuma torbee Sanbata (Saturday) fi Dilbata ganama sa'aa 7 hanga galgala sa'aa 5 hojjetama

**Humni ibsaa (elektirikaa) fi bishaanii kan egereef tolu ni tolchama**

- Tajaajila amma jiruu fi tajaajila haaraa bakka qabsiisamu
- Ibsaa gubbaa irraa ifu bakka giddaruu fi bakka birootti tolchuu
- Meeshaalee lafa qotanii fi guuran konkolaataa gudguddaa arguu malta
- Karaa konkolaataa, bakka konkolaataan dhaabbatan fi karaa miilaa irratti jijjiiramni tokko tokko taasisamee jira
- Bakka konkolaataan dhaabbatan kan 130 Racecourse Road bakka konkolaataan dhaabbatan gara bahaa jirutti dabra
- Dalasaan itti tolchama, nageenya eeguuf jecha ibsaa gahaan naannicha ni jira
- Bakka deemuu barbaaddu kan si agarsiisu mallattoon bakka ni kaayama
- 130 Racecourse Road fi kara itti gara Racecourse Road seenamu irra wal duraa boodaan hojjetama

Odeeffannoo dabalataaf odeeffannoo afaan keessanii dabalatee: **homes.vic.gov.au/ information-in-your-language**

Abboomsaa fi maxxansaan Mootummaa Victoria, 1 Treasury Place, Melbourne. © State of Victoria, Homes Victoria, Caamsaa (May) 2026. (HV013126). Finsbury Green, Melbourne Victoria, 3000 tiin kan maxxanfame.

### Bakka 12 Holland Court fi 120 Racecourse Road maaltu tahaa akka jiru

- Bakka hojii mijeessuu fi mallattoowwan nageenyaa tolchuu
- Walquunnamtii tajaajilaa sakatta'uu
- Namoota miilaan deeman, konkolaataa fi bakka konkolaataa dhaabuuf dhaqqabummaa nageenya qabu gochuu
- Ijaarsa manichaa jabeessuuf keessi isaa kan hojjetamu
- Manneen namni keessaa bahanii fi kara miilaan irra ol bahan irraa simintoon isaa qotamee qormaataaf fuudhama
- Bakka meeshaa kahatan, haguuggii lafaa fi meeshaalee xixiqqoo biroo mana jireenyaa onan keessaa baasuu
- Bakka barbaachisaa tahettti mi'ooti elektirikaa deebisanii hojii irra ooluu danda'amu ni tolchamu

Dalagaan keenya sa'aa hojii beekamaa kan Gumii (Council's standard work hours) gaggeeffama:

**Wixata (Monday) hanga Jimaataa**
Ganama sa'aa 7 fi galgala sa'aa 6 gidduu

**Guyyoota Sanbata duraa (Saturdays)**
Ganama sa'aa 9 hanga waaree booda sa'aa 3

Dabree dabree sa'aatii kanaan ala hojjechuuf hayyamni mana maree ni barbaachisa, garuu yoo kun ta'e jiraattota ni beeksifna.

Hojiileen hundi sadarkaa nageenyaa fi ulaagaalee seeraa olaanaa ta'een kan raawwatamanidha.

Jiraattota odeessa dabalataa barbaadaniif waajjira manneenii ganda keetii dubbisi:

**1300 360 462**

**ascotvale.housing@dffh.vic.gov.au**

Iyyata waliigalaaf imeel kanaa gadiitiin nu qunnami:

**enquiries@homes.vic.gov.au**

More Homes For Victorians

VICTORIA State Government

Oromo | Afaan Oromoo

Caamsaa 2026

homes victoria

**IJAARSA MANNEEN GURGUDDOO (BIIG HAAWUSING BIILD)**

# Flemington

Odeeffannoo haaraa Hawaasaaf



### Flemington gara manneen gaggaariitti jijjiiruu

Flemington keessatti manneen haaraa 800 ol fi bakka hawaasi dhimma itti bahan ijaaruuf karoorsinee jirra

### Mariyachiisuun amma banaa dha

Karoora wixiname ilaalii hanga Dilbata, Waxabajjii (June) 7 yaada itti kenni

### Murnalung Park beeksisuu

Bakka ummataa magariisa isquwer meetirii 5,000 kan Flemington

Ummata Aboriginaa fi Torres Strait Islander abbootii Qabiyyee Dachee kan Durumaan tahaniif Hangafoota isaanii kan dabran fi jiraniif Homes Victoria beekamtii kenna.

## Manneen ganda Flemington keessaa jijjiiruun itti fufua

**Ganda Flemington keessatti manneen fi bakka hawaasaa, kan daldalaa fi tajaajilaa Victoriyanota gargaaru jalqabuuf karoorsamaa jira.**

Ijaarsi Manneen Gudguddaa kan bakka Flemington manneen haaraa dhibbootaan ijaaree jira sadarkaa itti aanutti ammoo manneen haaraa 800 caalu ijaaruuf karoorsee jira.

Yeroo karoorsamuuf yaadi jiraatotaa fi hawaasa irraa kennamaa tureef deebii kan kennu akki itti ijaaramu wixiname. Kunis manneen humna ibsaa qusatan kutaalee adda addaa kutaa hirribaa hanga shanii kan of keessaa qaban dabala. Kunis jiraatota hanga manneen ol dhedheeroo dulloomoon deebisanii ijaaramanitti naannoo sana turuu barbaadan gargaara.

Akkaataa ijaarsaa karoorsame keessatti bantiin manneenii lafa waloodhaan dhimmi itti bahamu bakka banaa tahee fi jiraatotaaf bilqiltuun itti guddisamu qabaata.

Bakka hawaasaa gara garaaf dhimmi itti bahamu, akkasumas mana bunaa, bakka waa irraa bitatn yokin bakka tajaajila fayyaa hundi qaama karoora ijaarsaa keessa jira. Akkasumas bakki bagaa guddaa haaraan Racecourse Road irra jira.

Olloota waliin kan walitti bahu daandii ibsaa gahaatti qabu, karaa miilaa fi kan biskileettoo haaraan ni tolchamu.

**Karoroa wixiname irratti hawaasi akka yaada kennan amma afeeraa jirra.**

### Sadarkaa (stage) 1



**Daandii Victoria**
Manneen haaraa fi bakkoota hawaasaa haaraa 359

**Bara 2023 Xumurame**

### Haaressa sadarkaa 2



**Holland Court**
Manneen haaraa fi bakkoota hawaasaa haaraa 286

**Dhuma bara 2026 xumuramuuf jira**

### Mariyachiisuun amma banaa dha

Wixinee karooraa kan manneen haaraa 800 caaluu fi bakka hawaasaa dhimma gara garaaf gargaaru ilaali.

Waa'ee pirojektii caalaatti baruuf, guyyaa fi yeroo odeeffannoon hawaasaa kennamu arguuf yokin kallattiidhaan yaada kee toora interneetaa irraan kennachuuf as ilaali. **https://engage.vic.gov.au/racecourse-road-flemington-housing** ilaali yokin koodii qori (scan).

## Haaressii sadarakaa itti aanu



**Ijaarsa Racecourse Road**

- Bakka teessuma jiraatotaa gubbaa mana
- Bakka biqiltuu fi itti gammaduuf tolchame
- Iddoowwan waliinqooddatanii guddatan



**Murnalung Park**

- Giddu-galeessi oddoo haaraan iskuwerii 5000 walakkeessa bara 2026 banama



**Ijaarsa Debneys Park**

- Manneen ummataa haaraa 400 caalan kan kutaa gara garaa hanga 5 of keessaa qaban
- Bakka hanga namoota 100 ta'u dabalatee kutaalee hawaasaa kaayyoo hedduu qaban sadii
- Bulchiinsa kireeffataa araddaa sana keessa jiru
- Bakka konkolaataan dhaabbatanii bakka biskileettoon dhaabbattui
- Bakka irraa waa bitatanii fi tajaajilaman qorichaa fi tajaajila fayyaa kan dabalu






**Ijaarsa Racecourse Road**

- Manneen ammayyaa (modern) 400 ol kan humna ibsaa qusatanii fi hanqina kiraa manaa Victoria ilaalan ni ijaaramu
- Guddinni isaa hanga kutaa mana hirribaa 4 gahu
- Bakka jiraatoti konkolaataa fi biskileettoo dhaabbatanii fi bakka konkolaataa kan bakka gabaa gara fuulduraaf banamuuf jiru
- Suuqii, mana bunaa fi tajaajila gara garaa kan dabalu bakka irraa waa bitatan kan Racecourse Road irra jiru



**Ijaarsa Debneys Park**

- Bakka banaa bantii manaa irra jiru bakka irratti wal gahan fi bashannanan
- Lafa sirreessuu fi biqiltuu guddisuu
- Bakka teessuma jiraatotaa